## 1



- Kan si barbaachisu:
  1. Qajeelfamoota kana,
  2. Qodaa jalee (nappy) ittiin haxoytu, fi
  3. Qubeessaa (pen)
- Jalee (nappy) mucaa kee xuraawe jijjiiri
- Hanga mucaan kee bakka mijjatuufitti deebi'utti jalee xuraawaa sana gam-cinaa irraa kaa'i

## 2



- Jalee xuraawaa san bal'isii bani
- Qodaa hujummoo (tube) ittiin haxoytee fudhtu miciirii bani, sana booda saphlaatti qodicha keessaa fuudhuu dandeessa
- Fiixee haxooytuu (swap tip) fiixee isaa akka qubaan hin qabne ykn waa itti hin buusne eeggadhu

## 3



- Jalee xuraawe irraa fiixee haxooftuun udaan mucaa itti qabatee jiru suuta haxaawi

## 4



- Guddistee hin fuudhin
- Fiixeen haxoyftuu xiqqoo itti dibannaan ni gaha

## 5




- Haxoytuu sana oggasuma hujummoo (tube) isaatti deebisi
- Fiixee haxooytuu (swap tip) fiixee isaa qubaan hin qabin ykn waa itti hin buusin
- Qodaan haxxoytuu jabeessii cufi

## 6




- Bakka 'Guyyaa fuudhame' ('Date collected') jedhutti qodicha irratti guyyaa isaa barreessi

# Rakkoon fayyaa ijoollummaa ni furama jedhnee amanna.

# Qajeelfama GenV Akka itti Jalee (Nappy) Haxaawan

**Fakkii udaan mucaa kee fuudhuu**

**- Eegaluu keetiin dura**

- Qajeelfama kana dubbisi
- **Mucaan umriin torban takkaa gadii?** Guyyoota 7 keessatti, ykn san boodas akka siif danda'ameen laalama (sample) qorannoof irra fuudhi
- **Mucaan umriin torban takkaa olii?** Laalama (sample) hanga siif danda'ametti daddaffiin irraa fuudhi
- **Ni dagatte moo irraa fuudhuu si rakkise?** Laalama yeroo kam illee deebistee erguu dandeessa – laalamni hundi barbaachisoo dha
- Qodaa itti fudhtu gattee ykn ni dogoggortee? - nu qunnami: Bilbila: **1800 436 888** Mar-sariitii (Website): **www.genv.org.au**

## 7



- Qodaa hujummoo (tube) qodaa adii (white pouch) keessa kaa'i
- Qilleensa xiqqoo waliin afaan qodaa adii sana qabii walitti qabsiisi (cufi)

## 8




- Qodaaadii (white pouch) waan ittiin deebistee ergitu (reply-paid envelope) keessa kaa'i
- Qodaa ittiin egitu sana akka gaariitt cufi
- Mana keessa tursuu dandeessa (dilalleessaa (fridge) ykn cabbeessaa (freezer) keessa hin kaa'in)

## 9




- Hanga danda'ametti torban takka keessatti gara GenV ergi - mana postaa kam illee geessi buusi, stampii bittee itti maxxansuu si hin barbaachisu

V2.0 2022-05-20

**Dhaloota itti aanu fayyaaleyyii taasisuuf gargaarsa godhtuuf galatoomi.**